Oromiyaa

Lakk. 352

Oduu

Magaaloota Oromiyaa hawattoota tuuristii gochuuf sochiin eegalamuun ibsame

Haroowwn uumamaafi nam-tolchee naannawa magaaloota Oromiyaatti argaman irratti ‘resort’ hojjechuudhaan misoomsuudhaan hawattoota tuuristii akka ta’an gochuuf sochiin eegalamuu isaa hoogganaa hojiifi misooma magaalaa Oromiyaa ibsan.

Hoogganichi Ob. Takalatsaadiq Reebaa gaazeexaa Oromiyaaf akka ibsanitti, hojii kana adeemsisuuf tibbana jilli kantiiboota magaalaalee Oromiyaa of keessaa qabu biyyoota adda addaa irra naanna’ee muuxannoo fudhachuu isaa addeessaniiru. Muuxanoo argame irraa ka’uunis haala biyya keenyaa waliin wal qabsiisuun hojiirra oolchuuf haalawwan mijaa’aa jiran adda ba’uu isaanii Ob. Taklatsaadiq ibsaniiru.

Haala mijaa’aa adda ba’an kanneen irratti dokimantii qopheessuudhaan namoota kana keessatti hirmaachaa jiraniifi hirmaachuu barbaadan adda baa’aa waan jiraniif bakka kaabinoonni magaalaa jiranitti waldaa tokko uumuudhaan yeroo gabaabaa keessatti hojiitti seenuuf yaaliin akka jiru Ob. Takletsaadiq addeessaniiru.

Hojiin riizoortii kun muka dhaabuu, haroo kunuunsuu, bakka bashannanaa hojjechuufi kkf of keessa qaba kan jedhan Ob. Takletsaadiq, magaaloota keenya magaalaa bosona uffatan, qabeenya uumamaatiin badhaadhan haala itti agarsiisuu danda’uun hojjechuuf qophiin akka jiru ibsaniiru.

Magaalaawwan gama kanaan badhaadhan keessaa Bushooftuun tokko ta’uu ishee kan ibsan hoogganaan kun, magaalaan Bushooftuu haroowwan 8 ta’an qabaattus kanneen keessaa sirriitti kan misoome akka hin jirre hubachiisaniiru. Bishaan Amboo, haroo Wanciifi kanneen biroos haala kanaan misoomsuuf karoorri jiraachuu hogganaan kun dubbataniiru.

Aanaa Baakkoo Tibbeetti wiirtuuwwan leenjii qonnaan bultootaa 11 ijaaraman

Godina Shawaa lixaa aanaa Baakkoo Tibbeetti wiirtuuwwan leenjii qonnaan bulaa ‘FTC’ 11 birrii kuma 630n ijaaramanii leenjii kennuuf qophii ta’uu ittii aanaa dura taa’aan waajjira beeksisaafi sab-qunnamtii ummataa aanichaa Ob. Irratti Dinqaa beeksisan.

Ob. Irratti Dinqaa akka beeksisanitti tarsiimoo misoomaa motummaan baase galmaan ga’uuf qonnaan bulaan leenjii argachuun barbaachisaa akka ta’e addeessaniiru.

Gama biraatiin ammoo waajjirri to’annoofi HIV/AIDSiin aanaa Baakkoo Tibbee ijoollee abaaafi haadha hinqabne 211 magaalicha keessaa walitti qabuun workishooppii adeemsiseera.

Workishooppii kan irratti kan argman waldaan amantaa guutuu Wangeelaa Baakkoo Tibbee birr. 1062, ijoollee 26f ammoo huccuu bitee kenneera. Fuulduraafis gargaaruuf waadaa galeera. Jiddu galeessi teeknooloojii baadyaa Baakkoo bakka kophee itt haxaa’an laameeraan ijaaruuf waadaa kan gale yoo ta’u, manni brumsaa Tibbee birr. 695 gumaacheera.

Itti gaafatamaan waajjira to’annoofi ittisaa HIV/AIDSii aanichaaa Ob. Tasammaa Bulchaa gargaarsa kanatti guddaa gammaduuisaanii ibsanii, fuuldurattis cimuu akka qabu dhaamaniiru.

Aanaa Baakkoo Tibbeetti manni maree bar-kumee miseensota 200fi koree nama 16 qabu hundaa’ee biqiltuu 3000 dhaabuun kabajamuu isaa beekuun danda’ameera.

Miseensonni Dh.D.U.O. kolleejii barsiisota Naqamtee baratan imaanaa waliif dabarsan

Miseensonni Dh.D.U.O kolleejii brsiisota Naqamteetti baratan 600 keessaa walakkaan isaanii Waxabajjii 24 wayita eebbifaman barattoota hafaniif imaanaa dabarsaniiru.

Barattoonni kunneen hundee dhaabaa tokkoofi seelii 28n ijaaramanii ijaarsa sirna demokraasiif gumaacha isaanii ba'aa kan turan yoo ta'u kanneen eebbifaman hojii hojjetan irratti bu'aa guddaa galmeessuuf, kanneen sichi eebbifaman ammoo hojii ijaarsa sirna demokraasii itti fufsiisuuf waadaa galaniiru.

Kantiibaan bulchiinsa magaalaa Naqamtee Ob. Darajjee Dheeressaa wayta kanatti haasawa taasisaniin, imaanaa walii dabarsuun seenaa galmeessuu waan ta'eef Dh.D.U.O qabannee seenaan galmeessinu itti fufuu qaba jedhaniiru. Dh.D.U.On cimee akka itti fufu humna nama baratee horachuun dhaabbaticha gabbisuu akka ta'e eeraniiru. Yoo kana ta'e ilaalchi misoomaafi demokraasii mirkanaa'ee jireenyi dinagdeefi hawaasummaa ni jijjiirama jedhaniiru. Humni baratee hojiif qophaa'u kun bar-kumee kabajuuf deemnutti seenaa haaraa galmeessuuf ciminaan hojjechuu qaba jechaniiru.

Kolleejichatti barreessaa hundee dhaabaa kan ta'e kaadhimamaa barsiisaa Amaan Turfii akka jedhetti, barsiisota bara darbe eebbifaman irraa imaanaa fuudhuun waggaa tokkoof hojiin hojjetame guddaa ta'uu ibseera.

Rakkoon hawaasummaa ummata aanaa Yuubdoo sadarkaa sadarkaan deebii argachaa jira

Hoggansa Dh.D.U.Otiin rakkoon hawaasummaa ummata aanaa Yuubdoo sadarkaa sadarkaan deebii argachaa akka jiru itti aanaan qindeessaa waajjira beeksisaafi qunnamtii ummataa aanichaa ibse.

Itti aanaa qindeessaa waajjirichaa kan ta'e Ob. Gammadaa Argaw gaazeexaa Oromiyaaf akka gabaasetti, aanaan kun baroota darban dagatamtee waan turteef rakkoolee hawaasaa adda addaa qabdi. Baroota darban buufata fayyaas ta'e mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} kan hin qabne yoo ta'u, yeroo ammaa mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} tokko argatteetti.

Kana malees mana barumsaa 1-8 sadii, 1-4 kudha torba kan qabdu yoo ta'u, gama tajaajila fayyaatiin kiliniika 2 qabdi, buufata fayyaa tokko ammoo ijaarachaa jirti. Tajaajila bilbilaas ilaalchisee duraan tajaajila kan hin qabne yeroo ammaa ijaarsi gamoo mana bilbilaa ijaaramee kan xumurame yoo ta'u, ibsaa ilaalchisees toorri ibsaa diriiree ifaa eeggachaa akka jirtu Gammadaa Argaw nuuf gabaaseera.

Dh.D.U.On dargaggootaaf xiyyeeffannoo ol’aanaa kennee hojjechaa jira

Dhaabbanni demokraatawaa ummata Oromoo (Dh.D.U.On) dargaggoota humna misoomaa ta’aniif xiyyeeffannoo ol’aanaa kennee hojjechuudhaan bu’aawwan gurguddoo galmeessisaa akka jiru ibsameera.

Kanneen keessaas baadyaatti dargaggoota hoji-dhabeeyyii ta’aniif liqii kennuudhaan hojii qonnaa adda addaa irratti bobba’anii jireenya isaanii akka fooyyeffatan taasisaa jira. Magaalaattis waldaalee maaykroo xixiqqaa jalatti gurmaa’anii, liqii argatanii akka hojjetan taasifamaa jira. Bu’aa gama kanaan argameenis dargaggoonni hedduun jireenya isaanii mo’achuudhaan qabsoo hiyyummaa irratti taasifamu si’achiisaa jiru.

Kana qofaa miti. Dargaggoonni gama barnootaatiin sadarkaa ol’aanaa akka ga’aniif jecha Dh.D.U.On cimsee hojjechaa jira. Hojii barnoota babal’isuuf taasifameen akka Oromiyaatti gandoonni hundi mana barumsaa akka argatan ta’eera. Haaluma kanaan har’a manneen barumsaa 7600 ol naannoo Oromiyaa keessatti ni argamu. Kunis kan agarsiisu Dh.D.U.On humna barate horachuu dhaan guddina biyyattii fuulduratti tarkaanfachiisuu xiyyeeffatee hojjechuu isaati.

Sadarkaa yunivarsiitiittis taanaan barattoonni Oromoo kaayoo Dh.D.U.O jalatti hiriiranii guddina biyya keenyatti eegalame sadarkaa guddaatti akka ceesisan gochuuf hojiin hojjetamaa jiru guddaadha. Keessumaa ammoo waggoota lamaan darban barattoota miseensa Dh.D.U.O ta’aniifi yunivarsiitii irraa eebbifaman hojii keessa galchuudhaan humna misoomaa akka ta’an taasifamaa jira

Haaluma kanaan torbee darbe barattoonni yunivarsiitii Finfinnee faakaaltiiwwan adda addaa irraa eebifaman magaalaa Finfinnee galma walga’ii Itoophiyaatti sirna tokko qopheessanii ture, sirna imaanaa waliif dabarsuu. sirna kana irratti barattoonni barumsa isaanii xumuranii gara hojiitti bobba’an adda duree ta’anii misooma eegalame saffisiisuuf, kanneen dallaa mana barumsaatti hafan ammoo qabsoo dallaa mana barumsaa keessatti eegalame itti fufsiisuuf waadaa galaniiru, imaanaa waliif dabarsaniiru.

Sirna kana irratti dura taa'aan Dh.D.U.Ofi prezdaantiin mootummaa naannoo Oromiyaa Ob. Abbaaduulaa Gammadaa haasawaa taasisaniiru. Haasawa taasisan keessattis keessumaa waggoota lamaan darbanitti xiyyeeffannoo dargaggootaaf kennameen dargaggoota kuma 600 ta'aniif hojii uumuun akka danda'ame dubbataniiru. Ammas taanaan dargaggoonni miliyoona walakkaa ta'an hojii akka uummatan gochuuf yaaliin taasifamaa akka jiru addeessaniiru.

Barattoota miseensota Dh.D.U.O. yunivarsiitii irraa eebbifamanii hojiitti ramadaman keessaa kanneen hojii isaanii irratti adda duree ta'an carraa barnootaa sadarkaa ol'aanaa akka argatan taasifamuu Ob. Abbaa duulaa Gammadaa addeessaniiru. Isaanis 130 akka ta'an eeranii, ammas haaluma kanaan kanneen hojii isaanii irratti adda duree ta'an filachuun barumsaa ol'anaa galchuuf qophin xumuramuu dabalanii addeessaniiru.

Hojiin hojjetamaa jiru barattoota kanneen hojii qabachiisuu qofa osoo hin taane oggantoota bulchiinsa gaarii, nageenya, demokraasii dagaagsan horachuunis qaama hojii kanaa ta'uu ibsaniiru. Biyya keenya keessatti bu'aa gama hundaan barbaadame argachuuf humni barate kun murteessaa ta'uu Ob. Abbaaduulaan adeessanii, xiyyeeffannoon gama kanaan kennamaa jiru cimee itti fufa jedhaniiru.

Qindeessaa sirna kanaa kan ture barataa Bantii Masfin gama isaatiin haasawa taasiseera. Haasawa taasise keessattis, ummanni Oromoo cunqursaa dachaa gita bittootaatiin irra ga'aa ture ofirraa qolachuuf jaarraa tokkoo ol qabsoo hadhaawaa gaggeessaa turuu isaa yaadachiiseera. Qabsoo kana gaggeessuuf dhaabni siyaasaa qabsaa'ee ummata qabseessisu dhabamuu isaatiin gaaffiin ummata Oromoo deebii dhabee turuu isaa barataan Bantii ibsee, Dh.D.U.On garuu rakkoo bara dheeraa ture kanaaf deebii ga'aa laachuu isaa addeesseera.

Har'a hooggansa Dh.D.U.Otiin injifannoon dirree waraanaafi siyaasaa irratti argame dirree misoomaa irrattis argamuu isaa barataa Bantii ibseera. Injifannoowwan dirree misoomaa irratti argaman keessaa misoomni barnootaa isa tokko ta'uu addeesseera. Haala kanaan waggaa 10 dura barattoonni Oromoo dhaabbilee barnootaa

ol’aanaa keessatti dhibbaatama qofaan lakkaa’aman har’a kumaatamatti lakkaa’amuun isaa bu’aa qabsoo Dh.D.U.O ta’uun ibsameera.

Barataan Bantii haasawa isaa keessatti akka jedhetti yunivarsiitii madda humnoota oftuultotaa nafxanyootaafi dhiphootaa akkasumas madda jeequmsaa ta’ee jaarraa walakkaaf tajaajile kana keessatti Dh.D.U.O.n kaayoo siyaasaatiin seenuun isaa dhihoodha. Haa ta’u malee kaayoo haqaa Dh.D.U.Ofi ga’umsaafi kutannoo gaggeesitoota Dh.D.U.O irraa kan ka’e dhaabni kun waggoota sadiifi afur darbanitti barattoota Oromoo kuma lamaa ol yunivarsiitii kana keessatti miseensummaan horateera. Miseensa ifaan beekame yunivarsiitii Finfinnee keessatti horachuun seenaa siyaasaa Itoophiyaa keessatti kan jalqabaa ta’uun illee ibsameera.

Har’a miseensi Dh.D.U.O yunivarsiitii Finfinnee keessatti gurmaa’ee humnootaa farra warraaqsa demokraasii hunda irratti ol’aantummaa siyaasaa gonfateera, akka barataan Bantii jedhetti. Miseensi Dh.D.U.O yunivarsiitii keessatti argaman barattoota Oromoo biroo walii ta’uun hojii bu’a qabeessa raawwataniiru. Afaan Oromoo sagantaa digriitti akka kennamu taasifameera. Gumiin aadaafi afaan Oromoo dhaabatee hojiiwwan adda addaa raawwachuu danda’eera.

Qabsoo siyaasaa gama kanaan adeemsifameen yunivarsiitiin Finfinnee bakka awwaala humnoota of tuultotaafi dhiphootaa akka ta’u taasifamuu barataa Bantii addeesseera.

Ijoo Dubbii

Leenjii kennamuun dandeetti keenya gabbifnee hojjechuuf

Yeroo ammaa akka biyyaatti leenjiin oggantoota giddu-galeeyyii iddoo adda addaatti adeemsifamaa jira. Leenjiin kun marsaa lamaan kan kennamu yemmuu ta'u, amma marsaan jalqabaa akka guutummaa biyyatti leenjifamtoota kuma kudha lamatti tilmaamaman bu'ura taasifatee kan adeemsifamu yemmuu ta'u, leenjii itti aanaa dabalatee, marsaa lamaan gara leenjifamtoota kuma digdamii afuriitu leenjii kana irratti qooda fudhata jechuudha. Humna akka guutumma biyyaatti leenjii fudhatu kana keessaa kuma torbaa ol kan ta'u ammoo oggantoota giddu galeeyyii Dh.D.U.Oti. Kun egaa, leenjii oggantoota ol'aanoofi giddu galeeyyii kanaan dura yeroo garaagaraa, marsaa garagaraatiin kennamee ture yemmuu dabalatu humna leenjifamu kuma hedduu kan taasisu ta'uun isaa hubatamuu danda'a.

Asirratti wanti guddaan hubatamuufi xiyyeeffannoo argachuu malu, leenjifamtoonni leenjii argatan kun lakkoobsi isaanii baayyeefi kuma hedduun kan lakkaa'amu ta'uu isaa miti. Leenjifamtoonni kun qabxii leenjii haala yeroofi hojimaata ammayaa wajjin wal isaan barsiisu, misooma saffisaa, bulchiisa gaariifi sirna demokraatawaa mirkaneessuuf dandeetti isaanii gabbifatanii hojii keessa yeroo galan fayyadamummaa ummata keenyaatiif ga'ee isaan gumaachuu danda'aniidha wanti ilaalamuu malu. Qulqullina leenjifamtoota leenjii kana hundeedhaa hubachuudhaaf cimina leenjiifamtoonni leenjii keessatti agarsiisan, sana boodas leenjifamtoonni leenjiidhaa ba'an hojii qabatamaa keessatti gootummaafi aantummaa ummatummaa isaan agarsiisaan guddina misoomaa, mirkaa'ina bulchiinsa gaariifi ijaarsa sirna demokraasiitiif gumaachi guddaan isaan qaban murteessaadha.

Akkuma beekamu guddinni misooma dinagdee jireenya dhala namaa hundaafuu barbaachisaa qofaa utuu hin taane murteessaadha. Guddina misooma dinagdeetiin ala fayyadamummaan ummata bal'aa guutummaan mirkanaa'uu hin danda'u. Fayyadamummaan ummata bal'aa guutummaan iddoo hin mirkanoofnetti ammoo tokkummaan biyyaa, waliin jireenyi ummattootaa amansiisaa hin ta'u. Kanaafuu guddina

misooma dinagdee ummanni bal’aan guutummaan irraa fayyadamaa ta’uu, akkaataafi si’annaa barbaachisuun mirkaneessuun, bulchiinsa gaariifi sirna demokraasii ummanni sadarkaa sadarkaan jiru of qusannaa malee keessatti qooda fudhatu dhugoomsuun hundumaa caalaa murteessaadha. Iddoo guddinni misoomaa hin mirkanoofnetti, iddoo bulchiinsii gaariin hin dhugoomnetti hojiifis ta’e, jireenyaaf haalli gaariin hinjiraatu.

Haala qabatamaa biyya keenyaatiin guddina misooma dinagdee mirkaneessuu qofaa utuu hintaane, guddina misooma dinagdee saffisaa, ummanni atattamaan bu’aa irraa argatuufi irraa fayyadamu mirkaneessuun taasumaa kan wal nama gaafachiisu miti. Hiyyummaafi gadadoo bara dheeraaf hidda naqatee ture buqqisuu dhaan fayyadamummaa ummataa mirkaneessuun, biyya galii giddu galeessa qabdufi biyyoota addunyaa galii giddu galeessa qabanii wajjin hiriirte uumanii arguun dhamaatii salphaa kan gaafatu hin ta’u. Humna, qabeenyaafi beekumsa qindessanii hojiirra oolchuu gaafata. Keessumaa qabeenya uumamaa, humna namaafi beekumsa, yookiimmoo tekinooloojii ammayaa qindessanii xiyyeeffannoon hojjechuu, yeroo ofii guutuu hojii misoomaatiif aarsaa gochuu gaafata. Bulchiinsa gaarii mirkaneessuudhaan, sochii misoomaa hunda keessatti ummata guutummaan hirmaachisuu, sagantaa misoomaa iftooma qabu baasanii haqaan hojjechuu gaafata.

Kuni ammoo leenjiin ala kan yaadamus, kan fiixa ba’us miti. Leenjii yeroo yeroon kennamutti fayyadamanii dandeetti ofii gabbisuu, haala qabatamaa yeroon gaafatuu wajjin wal baranii isaan hojjechuu, hojjechiisuun dirqama ta’a. Kun ammoo leenjii galuu, leenjii fudhachuu qofaa utuu hin tane, leenjii kennamu sirriitti hordofuu, kaayoofi qixa leenjichaa sirritti hubachuu, qabachuu gaafata. Kanaafuu leenjii kennamu qalbeeffachuudhaan hojii dhufuuf of qopheessuun barbaachisaadha, murteessaadha jenna.

Aaga badhaadhinaa

Omishitummaa biyyee kootichaa guddisuuf

Omishitummaa callaa qonnaa guddisuuf dhimmoota xiyyeeffannaan kennameefii hojjatamaa jiran keessaa tokko, omishitummaa biyyee kooticha guddisuudha. Omishtummaa biyyee kootichaa guddisuuf xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee kan hojjatamaa jiruuf, omishitummaa callaa naannoo keennaa guddisuu keessatti ga'een lafa biyyee kootichaa guddaa waan ta'eef, kana jechuun maal jechuudha? waan jedhu mee haa ilaallu.

Omishitummaa callaa naannoo keennaa guddisuu keessatti ga'een lafa biyyee kootichaa guddaadha yemmuu jennu, akka biyyattis ta'ee akka naannoo keenna Oromiyatti lafti biyyee kootichaan qabatee jirtu bayyee bal'aadha jechuu keenna. Lafa bal'aa kana irraa omishi argamus guddaadha. Kun garuu dhugaa ta'uu kan danda'u omishitummaa lafa biyyee kooticha guddisuudhaaf xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee yoo hojjatameedha.

Bal'inni lafa biyyee kootichaa akka biyyatti hektaara miliyoona 13 yemmuu ta'u, kana keessaa hektaarri miliyoona 6 ta'uu Oromiyaa keessatti argama. Lafa hektaara hanga kana bal'atu irraa omishi hammaaruun danda'amu baayyee guddaadha. Garuu mala aadaatiin qonni qotamaa ture, omishitummaa biyyee kootichaa guddisuu kan danda'e hin turre. Sababni kana maal inni kan jedhuuf, deebiin isaa amalli biyyee kootichaa qilleensa jijjiiramu waliin kan jijjiiramu ta'uu isaati.

Biyyeen kootichii, akka Oromiyatti lafa gammoojjii, badda dareefi baddattis ni argama. Biyyeen kun yeroo bonaa ni babbaqaqa; yeroo gannaa ammoo ni bobbokoka. Qabiyyeen biyyee kana harka dhibba keessaa soddomni supheedha. (Maansa faarri irraa hojjatamu) kana waan ta'eef, yeroo bonaa biyyeen kun gogee babbaqaquu isaatiin woyta roobaa haroon babbaqaqa keessatti waan eeluuf, biyyeen ni bobbokoka. Bishaan biyyee kana keessatti kuufame, sanyii irratti faca'e ukkaamsee waan qancarsuuf, qonnaan bultoonni yeoo roobni mataa darbu facaasu. Fakkeennaaf, rooba mataa darbee Qamadii yoo facaase, lafa hektaara tokko irraa callaa kuntaala 4-8 hin caalle argatu. Teknolojiin

rakko kana furu hanga argame as garuu, lafa hektaara tokko irratti qamadii yoo facaasan, callaa kuntaala hanga 38 omishuun danda'ameera. Teknolojiin rakkina kana furuudhaan beekame "BBM" jedhama. Meeshaa qonnaa madaba bal'aa baasuudhaan, bishaan biyyee keessa akka curuurfamu taasisuudha.

Teknolojiin "BBM" jedhamu kun omishitummaa biyyee kootichaa guddisuun qonnaan bulaa keennaaf fala erga ta'ee, teknolojii kana qonnaan bultoota keenna waliin walbarsiisuuf sochii maaltu taasifamaa jira? kan jedhu xiyyeeffannaa barreeffama keenna kanaati. Gaaffii kaafneef deebii kan nuuf kennaan Ob. Misgaanaa Leellisaa, Biiroo Misooma Qonnaafi Baadiyaa Oromiyaatti ogeessa qonnaati.

Tarsiimoo mootummaan baase irratti hunda'uun hojiin guddaan Biiroon Misooma Qonnaafi Baadiyaa Oromiyaa hojjataa jiru, Omishaafi omishitummaan naannoo Oromiyaa akka dabalu gochuudha. Kanaaf wantoota omishitummaa dabalan hundarratti xiyyeeffachuun hojjachaa kan jiru. Omishitummaan lafa biyyee kootichaa akka dabalu taasisuun hojii guddaa Biiroon xiyyeeffannaa kenneefii hojjacha jiru keessaa isa tokko, yaada Ob. Misgaanaan nuuf kennaan irraa hubachuun akka danda'ametti.

Dhugaa kana, omishitummaa lafa biyyee kootichaa dabaluuf, sochii bara baraan taasifame ragaadhaan deeggarree mee haa ilaallu.

Akkuma jalqaba irratti kaafne, lafti biyyee kootichaa Oromiyaan qabdu gara hektaara miliyoona jahaati. lafti kun kan argamtu godinaalee Shawaa afran, Arsiifi Arsii lixaa, Baaleefi Harargeedha. Godinaalee Harargee biyyeen kootichi yoma jiraatellee, hanqinni jiidhaa waan jiruuf, haroon ciisee biqila irratti miidhaan geessu hin jiru, Ob. Misgaanaan akka jedhanitti.

Godinaaleen hafan garuu, rooba ga'aa qabu waan ta'aniif, bishaan biyyee keessa ciisuudhaan qilleensa waan ukkamsuuf biqilarratti miidhaan geessu guddaadha. Qonnaan bulaan "BBM" waliin walbarate yeroo sanyii facaasu meeshaa kanaan gargaarame yoo facaasu madaba qophayeen, bishaan keessaa curuurfama waan ta'eef, biqilli qilleensa argatee haala gaariin qananii'ee guddata. "BBM"dhaan facaasuun faaydaa kana akka

qabu waan hubatameef bara baraan qonnaan bultoonni “BBM”n fayyadaman lakkobsi isaanii dabalaa dhufeera.

Fakkeennaaf, bara callaa 1997/98 lafa hektaara 114,171 “BBM” kana fayyadamuun facaasuun danda’ameera. Bara omisha 1998/99 lafa hektaara kuma 270,000 mala kanaan facaasuuf karoorri qabamee, haaluma karooraatiin facaasuun akka danda’ame ragaan Biiricha arganne ni mullisa. Bara omisha 1999/2000 ammoo lafa hektaara 364,500 mala kanaan facaasuuf karoorri akka naannotti qabameera. Karoora qabame kana milkeessuuf sochii hanga ammatti taasifamaa tura ilaalchisuun Ob. Misgaanaan akkas jedhan.

“Jalqaba sadarkaa naannotti, godinaalee 7 keessaa ogeessonni ba’an 30fi qonnaan bultoonni teknolojii kanaan fayyadamanii fakkii ta’an lama leenjii leenjiftoota fudhataniiru. Ogeessonni asitti leenji’an godina isaanitti deebi’anii, ogeessota aanaa 55 irraa dhufan 323 leenjisaniiru. Ogeessotiin aanaa irraa baba’anii sadarkaa godinatti leenji’an hojjatoota misoomaa sadarkaa gandatti ramadamanii jiran 1,600 ol ta’aniif leenjii kennanii, yeroo ammaa facaasaaf qophiin taasifama jira” jechuun, ibsan. Yeroon Ob. Misganaan yaada kana nuuf ibsan Waxabajjii jalqabarratti waan ta’eef, woytii gaazexaan kun ba’utti facaasaan jalqabameera.

Akka Ob. Misgaanan jedhanitti “BBM” dhaan fayyadamanii facaasuun faaydaa lama qaba. Tokko jalqaba Waxabajjii irratti, yeroon roobaa utuu hin dabarre akka facaasan nama gargaara. Lama, callaa duraa irraa galchanii, callaa biraa omishuu nama dandeesisa. Fakkeennaaf, Waxabajjii jalqaba qonnaan bulaan qamadii facaase, Fulbaana dhuma qamadii irraa haamee, shunburaafi gayyoo omishu danda’a. Kun qabatamaan Shawaa kibba lixaafi Shawaa lixatti hojii irra ooleera.

Haala kanaan teknolojiin kun dadhabbii qonnaan bultoota keennaa bu’a qabeessa taasiseera. Meeshaa haala kanaan, qonnaan bulaa keenna bu’a qabeessa taasisetti gargaaramuuf tumsuun, hiyyummaa balleessuun jireenya fooyya’e jiraachuuf tumsuudha. Kana ammoo namni jibbu hin jiru. Kanaaf, qonnaan bulaan keenna lafa biyyee kootichaa qabu martii, teknolojii kanaan gargaaramuuf jabaatee tumsutu isarraa eeggama. Ogeessonnis ga’ee gama barsisuutiin isaan irraa eeggamu ciminaan ba’utu isaan irra jiraataan dhaamsa keenna.